Industirii Tajaajiloota Mana Keessaa: Hojjettoota Kunuunsa Mana Keessaa Wantoota COVID-19’iif Barbaachisan

Barreeffamni (dokmentiin) kun kan hojjetu industirii tajaajiloota mana keessaafi hojjettoota kunuunsa mana keessaatti xiyyeeffata Kaayyoo barreeffama (dookmentii) kanaaf,hojjetaa tajaajila mana keessaa kan jedhamu hojjetaa kamuu kan hojjechiisaa tokko ykn isaa oliin kan kanfalamuu fi tajaajiloota mana keessaa nama dhuunfaaf ykn maatiif mana dhuunfaa keessatti ykn naannoosaatti akka hojjetaa mana keessaatti hojjetuudha. Hojjetaan tajaajila mana keessaa sa’atii dhaan ykn mindaa dhaan hojjetoota kanfalaman, kontiraaktaroota walabaa kan humna isaaniin hojjetan, sa’atii guutuu fi sa’atii irraa hafaa kan hojjetan fi hojjetoota yeroodhaaf hojjetan dabalata. Qaxaraan qaama qaxaru, nama dhuunfaa, maatii fi hojjechiisaa (Fkn. daldaloota tajaajiloota kallatii dhaan kennan, ejensiilee hojii qaxarsiisaa fi waltajjii sarara irra (online) jiran dabalatee) kanneen kallattiidhaan ykn al-kallattiin tajaajiloota mana keessaaa akka hojjetaa manaaatti warra hojjetaniif hojjettoota mana keessaaf kanfaltii raawwataniidha. Hojjechiisaan tokkoo ol bakka jirutti, ulaagaan waliiti-dhufeenya qaxarrii hojjetaa/hojjechiisaa tokkoon tokkoof nii jiraata.

Tajaajiltoonni mana keessaa kanneen biroon qajeelfamoota addaa keessatti ibsamu sababalabsii mootummaa 20-05'iin hojiin isaanii akkamurteessootti hin ka’amneef. Tajaajiltoota mana keessaa kan jedhaman kanneen mana dhuunfaa keessa ykn naannoo isaatti, tajaajiloota kunuunsa dhuunfaanamoota qaamaan midhamaniif, ykn kan dhukkubsataniifi, namoota dulloomaniif, ykn kanneen miidhamaaf saaxilamuu danda’aniif kennuun, akka isaan “gocha jireenyaa guyyaa guyyaa” , kanneen akka nyaata, dhaqna dhiqachuu, fi wayyaa uuffachuu raawwatan gargaaruu dha. Hojiiwwan jireenyaa guyyaa guyyaan gargaaruun cinatti, hojjetaan tajaajila mana keessaa “gochaawan jireenya guyyaa guyyaa keessattii baay'ee barbaachisan”, kan namadhuunfaa tokko uummata isaa waliin of-danda'uun akka jiraatu godhaniin illee gargaaruu nii danda'u. Tajaajiltootni mana keessaa, kanneen Isteet Department of Health RCW 18.88B jallatti mirkana'an ni dabalata, isaaniin qofatti garuu hin dangeeffamu.

Hojiin Tajaajiltoota Kunuunsa Mana Keessaan hojjetamu labsii mootummaa 20-05'n hojiin isaanii murteessoo dha jedhamee kan fudhatameedha kanaafuu sababaweerara COVID-19'iin hojiiwwanbaay'een bakka isaanii turaniiruu. Nageenyaafii fayyaaf ulaagaawan barbaachisan haala armaan gadiin barreefameenhojjechiftootaa fi hojjetoota dhuunfaamana keessa hojjetaniin hordofamuu qabu.

Ulaagaan hundinuu *walumaa-galatti* hojjechiisaa nama tokko hojjechisuuf hin barbaachisu taanaan, hojjechisaan akka kanaa raawwachuun isa hin barbaachisuu.

Hojjetootni industirii tajaajila kennituumana keessaa hojii hojjechuu diduuf, kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) argachuuf, fi faayidaa hojii-dhabummaa argachuuf haala guddaa ta’een aangeffamuun akka isaan mudatu beekameera. Haala qaxxarrii hunda keessatti, hojjechiftotnihojjetootnii isaanii eegumsa hojjetaa argachuuirratti murtaahinni akka mudatu beekuu qabu.

Ulaagaawwan Nageenyaa fi Fayyaa

Hojjechiiftotni tajaajila mana keessaa hundumtuu bakka hojii nagaa fi fayyaleesa qabu haala seeraafi heera naannoo fi feedaraalaan walii galu eeguuf dirqama waliigalaa qabu. Dabalataaniis, isaan shaakaloota nageenyaa COVID-19 kan bakka hojiitti xiyyeeffate akka karaa Bulchaa "Safe Start" Labsii 20-25.4, fi L&I Bakkeewwan Hojiif Waan Namarraa Eegamu Waliigalaa fi Yaadoota Ittisaa. waliin waliigaluun. Isteetii Waashingtoonitti Department of Health fi Isteetii Waashingtoonitti Department of Social and Health Services barreefamoota (dookmeentiiwan) qajeelcha nageenya hojjetootaa qopheessaniiruu.

- Isteetii Waashingtoonitti Department of Health Hojjetoota Kunuunsa Mana Keessaaf Gorsawwan kennaman.
- Isteetii Waashingtoonitti Department of Social and Health Services Dhiyeessituuwwan Dhuunfaaf (IPs) Qajeeltoo Kenniinsa Kunuunsa Nageenya qabu Yeroo Weerara COVID-19.

Hojjechiisaa ykn hojjechiisaan-gargaaraa (co-employer) warreen hojii bulchiinsaa hojjetan, kanneen akka Ejensiiwwan Kunuunsa Manaa fi Isteetiin Waashingtoon, dirqama wantoota COVID-19'iif barbaachisaniiffi qajeeltoowwan hojjetoota eeguun hordofuu qabuu.

- Waa'ee koroonaa-vaayirasii fi haala ittisa babaldhinsa isaa akkasumas tarsiimoowwan hojjechiisaa COVID-19 afaan sirriittii hubbachuu danda'aniin hojjetoota barsiisaa.
- Waliitti dhufeenya hunduumaa hanga danda'aamuutti hojjetoota hunduumaa gidduu fi maammiltoota gidduu fageenyafaana-ja'a (six-foot) qabaadhaa. Walirraa fageenyii qaamaa xiqqoo yoo hojii wayiitokkoof osoo hin danda'aamin argame,haallii dhukkuba ittifannaa biraa hojii irra oluu danda'a,kanneen akka danqaawwan fayyadamuu, hojjetoota ykn fayyadamtoota iddoo dhippaa ykn cuufamaa tursiisuu hirdhisuu, fi boqonnaa danqituu fi dabaree hojii eegaluu.
- Hojjetootaaf kanfaltii malee meeshaalee of eeggannaa dhunfaa/personal protectiveequipment (PPE) kanneen akka gaantii, eegduu-ijaa,uwwistuu fuulaa fi uuwwistuu fuulaa haalahojii hojjetamuu waliin deemu kennaafii. Odeeffannoo dabalataaf Haguugduu Fuulaa Koroonaa-vaayirasii fi Ulaagaawwan Maaskii jedhu ilaalaa. Hojjetootnii kunuunsa mana keessaa kanneen dhukkubsatoota COVID-19'n qabamaniif ykn maamiltoota mallatoo agarsiisaniin tajaajilawarreen kennan isaan "Balaa Baay'ee Guddaa" ta'e kessa jiruu kanaaf dirqama PPE madaalawaa argachuu qabuu. Hojjetootnii of-eeggannoo mana keessaa kanneen maamiltoota mallattoo hin agarsiiisin yaalan isaan akka "Balaa gidduu galaa" keessa jiranitti ilaalamuu qabu kanaaf isaan maaskiibaqaqsanii-yaaluu (surgical masks), dabalataaniis akka barbaachisummaa isaatti haala isaa irratti hundaa'uun PPE'n dabalataa gahumsa qabu kennamuufii qabaa. Dabalataaniis, huccuun haguugduu fuulaa hojjechiftootaan kennamuu qaba akkasumas hojjetoota kanneen qofaa hin hojjenne hundaanii yookin yeroo ummata keessatti tajaajila kennan uffatamuu qaba yoo saaxilamuun isaanii akka seera fayyaa fi nageenyaa akkasumas qajeelfama Department of Labor & Industries'n eegumsa sadarkaa olaana tahuu adda ba'e. Huccuun haguugduu fuulaa Qajeelcha Department of Health kessattii ibsamee jiraa Barbaachisummaan huccuu haguugduu fuulaa kan irra darbamu yeroo qophaatti waajjira keessa, konkoolaataarra, ykn iddoo hojiitti hojjennu; yoo namichi gurri isaa hin dhagahu ta'e ykn dhageettin isaa rakkisaa ta'ee, fi yoo innii nama biroo waliin karaamallattoo afaaniin kaneen akka mallattoo fi agarsiisa fuulaanii fi sossoochii afaaniin akka qaama waliigalteetti fayyadamee waliigala ta'e; yoo namichi rakkoo fayyaa ykn hanqina qaamaa uwwistuu-fuulaan (mask) uffachuu hin qabaanne; ykn yeroo hojichi nama waliin waliiti dhufuu hin qabuu yoo ta'e.

Hojjechiisaan hojjetoota isaa eeguuf ulaagaalee fi qajeelfamoota COVID-19 kanneen armaan gadii dabalatee eeguu qabaa. Hojjetootnii tajaajila kunuunsa mana keessaaqaxartoota dhuunfaan warreen

qaxaramaniifi karaa DSHS akka Dhiyeessiiwwan Dhuunfaan warreen kanfalaman filaman, sagantaan ni bahaafakkasumas kan hordofaman karaa maamila-qaxaraatiini. Haalota kanaan, DSHS dhimma ittisa dhibee fi babaldhinsa COVID irratti qajeelcha nii baasaa:

- Harka dhiqannaa irra deddeebii fi madaalawaata'e mirkaneessaa dhiheessiiwan gahaa tahan walirra hin cinne waliin Meeshaalee ykn qodaawan waliin qooddatamu irratti daddarbii vaayiirasii hambisuuf yeroo barbaachisuufi nageenya qabutti gaantii gatamu fayyadamaa.
- Iddoowwan yeroo baay'ee tuttuqaman sirriitti qulqulleesuu fi jarmii balleessuu keessan mirkaneessaa.
- Yeroo dabareen isaanii eegalu hojjetootaa fi maamiltoota agarsiiftuuwwanii fi mallatoo-dhukkubii COVID-19 qaban adda baasaa. Hojjetootnii kunuunsa mana keessaayoo dhukkubsatan ykn dhukkubbiin itti dhagahamee mana taa'u ykn dafanii gara manaa galuu qabu. Naannoowwan waajjira hojjechiisaa mana jireenyaa hin ta'iin bakka hojjetaan COVID-19 qabamuun isaanii mirkanaahee ykn yoo carraan qabamuu isaanii guddaa ta'e hojjeta, bakka tuqame,fi kkf. hanga bakkii suniif meeshaan isaa qulqullaawuufi jarmiin balleeffamutti sararaan adda baasaa. Qajeelfamoota qulqullinaa Gidduu-gala Eeguumsa Dhukkubaan ka'ame hordofaa gadii-fageenyaan qulqulleessuu fi jarmii balleessuuf
- Yoo hojjetootnii kunuunsa mana keessaasababa haala hojii isaaniin yoo nama COVID'iin qabamee waliin sababa wal-tuquu isaaniin saaxilamuun isaanii hojjechiisaan yoo bare battaluuma saniin hojjetoota sana beeksisii.

Hojjetaan tokko sababa COVID-19 xuraa'aa dhaqqabee dabalatee, hojiiwan nageenyummaa hin-qabne(unsafe) hojjechuu diduu danda'aa. Hojjetaan kunuunsa mana keessaa haalli itti jiru nageenyummaa hin qabuu jedhee yoo amane dirqama hojjetaa hawwasummaa ykn itti gaafatamaa ejensii dubbisuu qabaa. Hojjechiisaan kamuu RCW 49.17'n walqabatee hojjetoota of-eeggannoo seeraan ka'ame irratti bobba'an irratti tarkaanfii miidhaa geessisu fudhachuun seeraan ala yoo hojii diduun isaanii ulaagaalee xiqqoo guuteef. Oddeeffanoon maxxansa kanneen irratti argama: Barruu (brochure) Nageenyummaa fi Loogii Fayyaa Iddoo Hojii keessattii akkasumas Barruu (brochure) Nageenyummaa fi Loogii Fayyaa Ispeen.
Sababa saaxilamuu COVID-19'tiin hojii hojjechuun nageenya hin qabu jedhanii ofii isaanii hojiiraa fageesuuf hojjetootnii filatan boqonnaa xiqqoo ykn faayidaa hojii-dhabumsaa argachuu nii danda'u. Yoo filannoon qindaa'ina haala hojii hin danda'amu ta'e hojjechiftoonii haala Labsii 20-46 irrattii barraa'een namoota balaa-guddaa qabaniif akka fedhii isaaniin boqonnaa kuufamaafiifaayidaa hojii-dhabumsaa kennuufii qabuu. Hojjetootnii biroon eeyyama bal'aa boqonnaa fayyaa fi maatii Deebii Ittisa Kooroonaa-vaayiirasii maatiiwwanii jalqabaa keessatti hammataman, faayidaa hojii-dhabumsaa, ykn kanfaltii yeroo hojiirra hin jirree haalota jiran irratii hunda'ee argachuu danda'u. Oddeeffanoon dabalataa Barruulee Weerara Koroonaa-vaayiirasii (COVID-19) Haaraa fi Boqonnaa kaffalamaa Waashingtoon Family Care Act fi Families First Coronavirus Response Act jalatti irratti argama

Hojjetoota Kunuunsa Mana keessaa:
Dabalataanis, hojjetootni dirqama:

1. Yeroo dhukkubsatan mana ta'uu. Yeroo COVID qabamanii ykn shakkaman hojjechisiisaa (qaxaraa) beeksisuu.
2. Yoo maatii kee keessaa namnii COVID-19 qabame yoo jiraate hogganaa kee beeksisi. Maatii hojjeetaa keessaa namnii COVID-19'iin qabamee yoo jiraatee, hojjetaan sun dirqama adeemsa adda baafamuu (quarantine) kan ulaagaa Muummee Fayyaa Isteetii saniin ka'ame hordofuu qaba.
3. Gara hojiitti osoo hin gabaasin dura, bilbilaatiinamootni isin kunuunsa gootaniif yoo mallattoowwan dhukkubaa kaneen akka gubaa-qaamaa, qufaasisa ykn hargansuu dadhabu kan

kanaan dura hin qabaatiin qabaatachuu gaafadhaa. Yoo kana ta'eef, tajaajilli xiqqoo turuu yoo danda'aa ta'eef adda baasii ykn of-eeggannoo dursaa COVID-19 barruu Qajeelcha Kunuunsa Mana Keessaa hordoofi

4. Yeroo danda'ametti ofiikeef namoota biroo mana keessa jiran gidduutti yoo xiqqatee fageenyafaana-ja'a (six-foot) eeggadhu. Yoo sababa hojii wayiif wal-irraa fageenyi qaamaa hin danda'amuu ta'e, wantoota of-eeggannoo biroo kanneen akka huccuu uwwistuu fuulaa fi PPE fayyadamaa.
5. Yeroo jalqabaa fi dhuma dabaree keessanii fi nyaata qopheesuu keessan duraafi booda ykn yeroo dhangala'aa qaama keessan tuqxan, harka keessan ammaa-amma (daddafaa) dhiqadhaa Harka keessan yoo xiqqaatee seekoondii 20'f saamunaa fi bishaaniin dhiqadhaa ykn qulqulleesituu harkaa kan alkoolii fayyadamaa yoo xiqqaate alkoolii 60% kan qabu.
6. Iddoowan adda-addaa ykn meeshalee mana keessaa hanga danda'ame tuquu dhiisaa. Iddoowan yeroo baay'ee tuttuqaman yeroo hojiirra jirtan dhiqaa.

<u>Maamila qaxaraa dhuunfaa kanneen hojjetoota kunuunsa dhuunfaa mana isaanii keessatii akka tajaajilan kanneen qaxaran:</u>

7. Yeroo maamiltootnii manattii kophaa adda ba'an (quarantine) hojjetoota kunuunsa mana keessaa beeksisaa.
8. Yeroo hojjetootni kunuunsa mana keessaa dhukkubsatan ykn dhukkubsatoo fakkaatan, hanga isaan dhukkubicha irraa fayyanitti hin hojjechisinaa.
9. Yeroo hojjetootni kunuunsa mana keessaa jiraniitti harka keessan amma-amma (daddafaa) dhiqadhaa.
10. Yoo danda'amee yoo xiqqaatee fageenyafaana-ja'a (six foot) hojjetoota kunuunsa mana keessaa irraa fagaadhaa akkasumas turtii hojjetoota kunuunsa mana keessaa waliin dhiyaatanii dabarsitan xiqqeessaa.

<u>Qajeelfamoota iddoo hojii</u>

11. Yeroo tajaajilli kunuunsa mana keessaa kennamaa jirutti namnii jiruu fi haguugduu-fuulaa (maaskii) uffachuu danda'u hundinuu balaa tamsa'ina uummataa ittisuuf yoo xiqqaatee haguugduu fuulaa kan huccuu uffachuu qaba. Namootni akkasii ulaagaalee PPE'f barbaachisan hundumaa akka hordofaniifis cimsinee jajjabeessinaan. Yeroo danda'ame, hojjetaan manaa osoo hojjeechaa jiruu namootnii mana keessa jiran akka waliiraa fageenyii qaamaa guddaa hojjetaa mana waliin qabaataniif bakka hojjetaa mana jiran irraa gara iddoo biraatti geeddarachuufi kutaa xiqqoorraa gara kutaa baldhaa deemuu qabu. Namootnii dhuunfaan iddoo hojii jiran sababa rakkoo xin-sammuutiin (warren dafanii wantoota hubachuu hin dandeenyee) ykn hirdhina qaamaa qaban wantoota akka haguugduu fuulaa fi/ykn PPE uffachuu dhiisuu danda'u akkasumas akka uffataniifis hin dirqamani.
12. Walitti dhufeenya gabaabsaa. Yoo wantoota barbaachisoo karaa walbira hin jirreen (virtual) waliin mariyachuu hin dandeenyee, waliiti dhufeenya qamaa gabaabsaa akkasumas fageenya faana-ja'a (six foot) yeroo haasaawaa keessan hundaa eeggadhaa. Namootnii dhuunfaan kunuunsa mana keessaa kanneen fudhatan sababa rakkoo xin-sammuutiin (warren dafanii wantoota hubachuu hin dandeenyee) ykn hirdhina qaamaa qaban wantoota akka waliirraa fageenya qaamaa fi yeroo hordoofuu dhabuu danda'uu ta'aa, fi akka hordofaniis hin dirqisiifaman.
13. Sooftii fi kuusaan-kosii manaa fi bakkee hojii keessatti dirqama jiraachuu qabaa.
14. Hojjechiiftonnii yoo bakkeen hojii nageenya hin qabu jedhanii amananii mirga gad-lakkisuu akka qaban hojjetoota nii beeksiisuun, dabalataaniis haalota akkasii keessatti mirga boqonnaa argachuu fi faayidaa hojii-dhabumsaa akka argatan nii beeksisuun.

15. Yoo hojjetootnii mana keessaa hojii dabalataa akka hojjetan yoo barbaachise, kanneen akka daddafanii qulqulleessuu fi jarmii balleessuu, kuniin walii-galtee bareefamaa keessattii jiraachuu qaba akkasumas hojjetootni beenyaa yeroo hojjetanii dirqama argachu qabuu.
16. Leenjiin hojjetoota iddoo hojii hundaa yeroo kanfaltiitti ta'uu qaba.
17. Yeroo danda'ame hojjetootni qofaa isaanii konkoolaataa oofaa gara iddoo hojii haa deeman, konkolaataa tokko keessa nama tokko qofa.
18. Yoo hojjetootni iddoo gidduu-galeessaatti wal-arganii achiin konkoolaataa dhaabbataatiin gara hojii deemu ta'e, konkolaata tokko hojjetaa tokkoof ramadaa akkasumas akka hin deddebine godhaa. Deemsii konkoolaatota dhaabbataan dhuunfatamaniin ykn kanneen biroo warreen namoota baay'een fe'uu danda'an dandeetii fe'uu isaanii irraa 50%'tti daangeeffamu akkasumas waliiraa fageenya qaamaa fi PPE'iif wantoota barbaachisan Aguuggiiwwan Kooroonaa-vaayiirasii fi Ulaagaawwan Maaskii irrattii ibsamanii jiruu.

Bakka barbaachisetti, waa'een nageenya hojjetootaa fi fayyaan isaanii raawwii L&I's Division of Occupational Safety and Health (DOSH) jalatti hojiirra oolmaan isaanii dirqisiifama.

- Hojjetootni gorsa ittisaa fi gargaarsa COVID-19 L&I's Division of Occupational Safety and Health (DOSH) irraa gaafachuu nii danda'uu.
- Komii nageenyaa fi fayya-qabeessummaa Bakka Hojii Bilbila Giddu-Galeessa Nageenyaa L&I DOSH'tti galchuu dandeessu: (1-800-423-7233) ykn karaa iimeelii gara adag235@lni.wa.gov tti.
- Gaaffiin waliigalaa waa'ee shaakaloota waliigaltee fudhachuu gara Giddu-gala Deebii Daldalaatti galchuu dandeesuu karaa https://coronavirus.wa.gov/how-you-can-help/covid-19-business-and-worker-inquiries.
- Labsii 20-25'n walqabatee wantoota hin eegamin(caban) hunda karaa Kanaan erguu dandeessu https://bit.ly/covid-compliance.